# Madaalliiwwan Guutuu Kutaa Biyyaa:

# Qajeelfama Hirmaannaa Warra/Guddistootaaf fi Odeeffannoo Waa'ee Madaallii Kana Fudhachuu Dhabuu

Hirmaannaan baratаa keessanii madaallii guutuu kutaa biyyattii keessatti barbaachisaadha; sababiin isaas manni barumsaa fi distiriiktiin keessan barattoonni hundi barnoota qulqullina qabu akka argatan waan taasisuufidha. Kanaan dura barattoonni qaama miidhamaa ta'anii fi barattoonni afaan Ingiliffaa baratan yeroo baayyee madaallii guutuu kutaa biyyattii keessaa baafamaa turan. Barattoonni hundi madaallii guutuu kutaa biyyattii akka fudhatan gochuudhaan, manneen barnootaa fi barsiisonni gahumsa baratoonni hundi irra jiran adda baasuuf odeeffannoo dabalataa ni argatu. Kunis manneen barnootaa barnoota kennan itti fufiinsaan akka fooyyessanii fi garee, kutaalee ykn gosoota barnootaa deeggarsa dabalataa barbaadan adda baasuuf isaan gargaara.

## Madaalliiwwan Istaandardiin Akka Jiraatu Godhu

Madaalliin guutuu kutaa biyyattii [Minnesota Academic Standards](#) ykn [WIDA English Language Development Standards](#). Istaandardiin kun beekumsaa fi gahumsa barattoonni distiriiktii K–12 fi manneen barnootaa chaartaraa keessatti barachuu qaban ibsu. Bulchiinsi Minnesota barnoota qulqullina qabuuf dursa kan kennu yoo ta’u madaalliin guutuu kutaa biyyattii barsiisotaa fi hoggantoonni milkaa’ina barattootaa fi mana barumsaa madaaluu isaan dandeessisa.

**Madaallii Waliigalaa Kan Minnesota (MCA)**
MCA fi madaalliiwwan filannoo (Qormaata Gahumsa Barnootaa Minnesota (Minnesota Test of Academic Skills, MTAS)/Akka Filannoo MCA tti) madaallii wagga waggaa dubbisuu, herregaa fi saayinsiidhaan kanneen akka safartuu Istaandardii Barnootaa Minnesota K–12 gargaaranidha.

**WIDA ACCESS fi WIDA Alternate ACCESS Barattoota Afaan Ingiliziitiif**
WIDA ACCESS madaallii wagga waggaa barattoota Afaan Ingiliffaa barataniif taasifamu yoo ta’u, waa’ee jijjiirama gahumsa afaan Ingiliffaa barnootaaf barbaachisu irratti, Istaandardii Guddina Afaan Ingiliffaa WIDA irratti hundaa’uun odeeffannoo ni kenna.

## Madaalliiwwan Guutuu Kutaa Biyyaa Maatii fi Barattoota ni Gargaara

Madaallii guutuu kutaa biyyattii irratti hirmaachuun maatiin barumsa barattoota isaanii akka isaan leellisuu danda’aniif suuraa isaanii ni kenna milkaa’ina mana barumsaa keessatti. Barattoonni mana barumsaa sadarkaa lammaffaa bu’aa MCA kanneen armaan gadii fayyadamuu ni danda’u::

- Filannoo Galmee Sadarkaa Lammaffaa Boodaa (Postsecondary Enrollment Options, PSEO) kan kutaa 10ffaa.
- Galmee kolleejjii ykn yunivarsiitii Bulchiinsa Minnesota keessatti ramaddii koorsii argachuuf. Barattoonni qabxii kolleejjiif isaan qopheessu yoo argatan, gosa barnootaa sanaaf koorsii remidiyaalii, kan qabxiin hin qabamneef fudhachuun isaan hin barbaachisu.

Barattoonni afaan Ingiliffaa kanneen WIDA ACCESS ykn WIDA ALTERNATE ACCESS fudhatanii fi ulaagaalee murtaa’an guutan, sagantaalee barattoota afaan Ingiliffaa keessaa ba’uuf carraa ni argatu.

## Madaalliiwwan Guutuu Kutaa Biyyaa Fudhachuun Mana Barumsaa Barataa Keessanii ni Gargaara

Madaalliin guutuu kutaa biyyattii akkaataa barattoonni hundi qabiyyee mana barumsaa keessatti baratan irratti akkaataa isaan itti hirmaataa jiran ilaalchisee mana barumsaa keessanii fi distiriiktii keessaniif odeeffannoo ni kenna. Odeeffannoon kun kanneen armaan gadiif ni gargaara:

- Barsiisonni qabiyyee meeshaalee barnootaa isaanii akka madaalan isaan gargaara.
- Manneen barnootaa fi distiriiktiileen walqixxummaa dhabuu gareewwan gidduu jiru akka adda baasan, hundee sababoota qorachuun deeggarsa barbaachisu gochuu isaan dandeessisa.
- Hoggantoonni mana barumsaa fi distiriiktii akkaataa maallaqaa fi leecalloo barattoota hunda deeggaruuf itti fayyadaman irratti murtoo kennuu isaan dandeessisa.

## Hirmaannaa Barattootaa Madaalliiwwan Guutuu Kutaa Biyyaa keessatti

Hirmaannaan barattootaa madaalliiwwan guutuu kutaa biyyaa fi naannoo keessatti barbaachisu filannoo warraa/guddistootaa irratti hundaa'a. Barataan/ttun keessan madaallii guutuu kutaa biyyattii irratti akka hin hirmaanne yoo barbaaddan, sababa murtoo keessanii unka fuula itti aaneee jiru irratti argamu guutaa. Waa’ee madaallii sadarkaa naannootti barbaachisu caalaatti baruuf mana barumsaa barataa/ttuu keessanii qunnamaa.

## Wantoota Madaalliiwwan Guutuu Kutaa Biyyaa irratti Hirmaachuu Dhabuun Geessisu

- Barataan/ttun sun qabxii dhuunfaa hin argatu/ttu. WIDA ACCESS fi WIDA ALTERNATE ACCESS tiif, barataan/ttuun sun sagantaa barattoota afaan Ingiliffaa keessaa bahuuf carraa hin argatu/ttu.
- Bu’aan madaallii mana barumsaa fi distiriiktii barataa/ttuu guutuu waan hin taaneef, hubannoo sirrii barumsa barataa/ttuu qabaachuun caalaatti rakkisaa ta’a.
- Barattoonni ulaagaa guutan hundi yoo hirmaachuu baatan illee shallaggii tokko tokko keessatti waan hammatamaniif, bu’aa itti gaafatamummaa mana barumsaa fi distiriiktii irratti dhiibbaa ni qabaata. Kunis manni barumsichaa deeggarsaaf adda baafamuu ykn milkaa’inaaf beekamtii argachuu isaa irratti dhiibbaa uumuu danda’a.

Wantoota dabalataa biroo hirmaachuu dhabuun geessisuu malu jiraachuu isaa beekuuf mana barumsaa ykn distiriiktii naannoo keessanii qunnamaa.

Odeeffannoo dabalataaf fuula Statewide Testing page daawwadhaa.

(education.mn.gov > Students and Families > Programs and Initiatives > Statewide Testing)

### Odeeffannoo Dabalataa

- Giddugaleessaan barattoonni madaallii guutuu kutaa biyyattii fudhachuuf waggaatti yeroo barnootaa isaanii keessaa 1% gadi dabarsu.
- Seerotni Minnesota yeroo waliigalaa barattoonni madaallii distiriiktii ykn mana barumsaa biroo fudhachuuf dabarsuu danda’an kutaa isaanii irratti hundaa’udhaan bara barnootaa tokkotti sa’aatii 11 akka hin caalle ni daangeessa.
- Distiriiktileen manneen barnootaa fi manneen barnootaa chaartaraa jalqaba bara barnootaatti kalaandarii madaallii marsariitii isaanii irratti maxxansuu qabu. Madaalliiwwan ilaalchisee odeeffannoo dabalataa argachuuf marsariitii mana barumsaa distiriiktii ykn chaartaraa keessanii hanga Onkoloolessa 1 tti daawwadhaa.

---

# Madaalliiwwan Guutuu Kutaa Biyyaa:
## Akka Madaalli kana irratti Hin Hirmaanneef Murtii Warraa/Guddistuu

Unka kana guutuudhaan, barataan/ttuun keessan madaallii guutuu kutaa biyyattii irratti akka hin hirmaanne fi bu’aa madaallii dhuunfaa akka hin arganne ni mirkaneessitu. Unkaan kun qormaata dura mana barumsaa ykn waajjira aanaa barattoota keessaniif dhiyaachuu qaba.

Maqaa: ____ Qubee Jalqabaa Maqaa Abbaa: ____ Maqaa Akaakayyuu: ____

Guyyaa Dhalootaa: ____ Kutaa Amma Barachaa Jiru/tu: ____ Lakkoofsa ID Barataa/ttuu (yoo beekame): ____

Mana Barumsaa: ____ Distiriiktii: ____

Maqaa Warra/Guddistuu (maxxansaa): ____

Mallattoo Warra/Guddistuu: ____ Guyyaa: ____

Sababa Hin Eeyyamneef: ____

**Madaallii guutuu kutaa biyyattii bara barnootaa kana keessaa barataa/ttuu keessan akka addaan kutu/ttu gootan ibsaa:**

- ☐ Dubbisuu MCA/Alternate MCA
- ☐ Saayinsii MCA/Alternate MCA
- ☐ Herreega MCA/MTAS
- ☐ WIDA ACCESS/WIDA Alternate ACCESS

Akkaataa madaallii naannoo addaan kutuu itti dandeessan irratti odeeffannoo dabalataa argachuuf mana barumsaa ykn distiriiktii keessan qunnamaa.

(Hubadhaa: Unkaan kun bara barnootaa 20____ hanga 20____ qofaaf hojiirra oola.)